DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i1.1092
ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)
Jornaalii Dilbii Qorannoo
Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 202-219
Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et

Qorannoo Asilii

# Fakkoommii Mi'aalee Aadaa Oromoon Jaawwii Sirba Gaa'elaa Keessatti Dhimma Itti Bahanii

Tasfaayee Bayyanaa[1*], Darajee Fufaa[2*], Magarsaa Dhinsaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

## Axereraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii keessatti qaban xiinxaluudha. Qorannoon kun gosoota qorannoo keessaa qorannoo akkamtaati. Akkamtaa keessaa immoo, sanyaabsaa yoo ta'u, addatti immoo, sanyaabsa ibsaati. Kaayyoo kana fiixaan baasuuf, ragaaleen maddeen tokkoffaafi lammaffaarraa funaaman. Malli akkayyoofi darbaa dabarsaas malleen iddateessuu qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'amanidha. Meeshaaleen funaansa ragaalee dhimma itti ba'aman: daawwannaa, afgaaffiifi marii garee fa'aadha. Ragaalee dabalataa argachuuf Goodambaa Kumsaa Morodaaf keessaa dokimentiiwwan sakatta'amaniiru. Ragaaleen tooftaalee kanniinin funaanaman mala akkamtaan hiikaman. Kunniinis yaadiddama walitti dhufeenya fakkoommii (symbolic interactionism) deeggarameeti. Bu'aan xiinxala kanarraa argame akka mul'isutti, Shamarran Jaawwii meeshaalee faayaa callee, warqee gurraa, mormaafi qubeelaan faayamuun sirba gaa'elaarratti hirmaatan. Calleen fakkoommii hormaata qaba. Haata'u malee, warqeen gurraa, mormaafi qubeelaan fakkoommii kaadhimaa qabaachuu qabu. Uffanni aadaa qoloo jedhamu immoo, mallattoo Oromummaa agarsiisa. Qarreen shamarran dhahachuun sirbaa gaa'elaarratti hirmaatan fakkoommii durbaa qaba. Meeshaaleen faayaa dhiironni fayyadamuun sirba gaa'elaarratti hirmaatan keessaa alangaan fakkoommii gurbaa fuudhuu qaba. Ulumaayiin immoo, fakkoommii amaamota qaba. Uffanni aadaa maanguddoonni Jaawwii uffatanii sirba gaa'elaarratti hirmaatan halluuwwan gurraacha, diimaafi adiin kuulamanii jiru. Gurraachi fakkoommi angafummaa; diimaan mallattoo wareegamaafi adiin immoo, fakkoommii xumura argachuu qabsoo uummataati. Meeshaalee muuziqaa sirbi gaa'elaa ittiin dhihaatu keessaa dibbeen fakkoommii sirba ho'isuufi geessuu ta'uu intala tokkoo bakka bu'a. Faaggaan immoo, waamicha hirmaattota sirba gaa'elaan fakkooma. Oromoon Jaawwii guyyaa gaa'elaa fiingee afuufuun amaamota waan waamaniif, fakkoommii waamicha qaba.*

## Article Information

**Article History:**
Received: 13-05-2024
Revised: 20-05-2024
Accepted: 06-06-2024

***Jechoota Ijoo:*** *fakkoommii, sirboota gaa'elaa, mi'aalee aadaa, meeshaalee faayaa*

**Qorataa Muummee: Tasfaayee Bayyanaa*

*E-mail: tesfayebeyenetufa@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

# 1. Seensa

Sirbi gaa'elaa gosoota sirbaa gurguddoo keessaa tokko ta'ee, waltajjiifi dhimma cidhaan walqabata. Aadaafi safuu eegee dura, guyyaafi booda fuudhaa heerumaa sirbama. Shamarraniifi dargaggoota qe'ee warra cidhaa, akkasumas amaamotatu sirba. Maatiifi hirmaattonni biroos yeroo murtaa'etti qooda fudhachuu danda'u (Martin, 1999). Yaanni kun sirbi gaa'elaa akka addunyaatti yoo ilaala gosoota sirbootaa keessaa tokko ta'uu ibsa. Qaamoleen hawaasa garaagaraas keessatti hirmaatu. Qe'een warra soddaa lamaan yoomessa sirba kanaati.

Qaamoleen hawaasa addunyaarraa sirba gaa'elaa keessatti qooda fudhatan, mi'aalee aadaa kanneen akka meeshaalee faayaa, uffataafi meeshaalee muuziqaa aadaa fayyadamu. Wantoota aadaa keessaa meeshaaleen faayaafi uffanni aadaa hirmaattotatti miidhagina uumuun sirna gaa'elaa hawwataa taasisa. Meeshaaleen muuziqaa immoo, qooda fudhattoonni akka wal hordofuun sirba gaa'elaa weeddisaniifi sirban taasisa. Kanaafuu, meeshaaleen muuziqaa sirba gaa'elaarratti hirmaattonni akka wal hoogganuun dabaree eegatanii sirban taasisa (Kipury, 1983). Yaanni Kipury kun haawaasni addunyaa kanaa wantoota aadaa mataasaanii fayyadamuu sirba gaa'elaarratti akka hirmaatan agarsiisa. Wantoonni aadaa kunniinis gahee namoota dhuunfaafi waltajjii gaa'elaa miidhaksuu qabu.

Sirni gaa'elaafi mi'aalee aadaa hariiroo waliin qabu. Kunis karaa aadaafi safuu ummataa eeggateen ta'a. Bu'uuruma kanaan, uummanni garaagaraa aadaafi safuusaanii giddu galeessa taasisuu wantoota aadaa sirba gaa'elaarratti fayyadamaniif fakkoommii kennu. Katz (1972) fakkoommiin unka hiikaa xiinqooqarraa adda ta'ee, sirna mallattoon bakka bu'a. Mallattoon bakka bu'us tooftaan walitti fiduun yaada meeshaa bakka bu'uufi fakkaattii isaa ibsu. Kunis, hariiroo bakka bu'aafi bakka bu'ama jedhama. Wantoonni bakka bu'aniifi bakka bu'aman wanta badaa yookaan gaarii ta'uu danda'u. Kanaafuu, fakkoommiin mi'aalee haala keessatti bakka bu'an garaagarummaa qabaachuu danda'u.

Hawaasni addunyaa kanaa karaa afaaniifi fakkoommiin walquunnamuun addunyaa isaanii hubatu. Qorannoo kunis fakkoommii mi'aalee sirba gaa'elaa keessati qabanirratti xiyyeeffata. Kanaafuu, haala kana keessatti fakkoommiin hariiroo mi'aaleefi hiika isaanii gidduu jirudha. Qorattoonni dirree xiin-aadaa, xiin-hawaasaafi xiin-sammuu fakkoommiilee qorachuurratti xiyyeeffannoo guddaa kennu. Qorannoo isaanii fakkoommii mi'aalee galumsa aadaa tokko keessatti qabanirratti

xiyyeeffata. Fakkoommii mi’aalee hawaasa garaagaraa keessatti qabu aadaafi safuu bu’uureffachuu adda addummaa qaba. Lyubov (2015) fakkoommiin mi’aaleen qaban haala galumsaa keessatti murtaa’aa jedha. Sirni gaa’elaas galumsa tokko waan ta’eef, fakkoommii mi’aalee qaban dhaabbatadha.

Dabalataan, Turner (1967) ummata keessatti mi’aalee aadaa mallattoon jiran ergaa bakka bu’an qabu. Ergaan kunis jilootarratti mul’atu. Mallattooleefi hiikni isaan bakka bu’an dhugeeffannoo uummataan mirkanaa’a. Mallatummaan dhugeeffannoo ummataan argamu haala tokko keessatti waan bakka bu’e sanaan alatti waan biraan fakkeeffamuu hindanda’u. Kun immoo, mallattoon galumsa tokko keessatti fakkoommii tokko qofa qabaachuu agarsiisa. Kanaafuu, ragaafi dhugeeffannoo hawaasaa hidhata waliin qabu. Yaanni kun mallattooleen garaagaraa hawaasa keessatti argaman fakkoommii yookaan hiika argachuuf galumsi barbaachisaa ta’uu agarsiisa. Kanaafuu, fakkoommii mi’aalee aadaaf kennuu keessatti dhugeeffannoon ummataafi galumsi dhimmoota bu’uuraati.

Dabalataan, Dorson (1972), Simsfi Stephenes (2005) akka ibsanitti, mi’aalee aadaa namoota naannoo keessaa ogummaa qabaniin tolfamuun uummataaf dhiheetu. Uummannis bitachuun yookaan ergifachuun bakka garaagaraarratti dhimma itti ba’u. Kunniinis haala keessatti fakkoommii bakka bu’an kan mataasaanii qabuu jedhu. Yaanni barreessitoota kan mi’aaleen aadaa dhimmoota adda addaaf hojjetamu. Kunniinis meeshaalee naannoorraa yoo ta’an, akkaataa beekumsa ummatan fakkoommiifi hiika mataa isaanii qabu. Haala kana keessatti fakkoommiin ergaa oguma (literary meaning) wantoonni qaban jechuudha. Haa ta’u malee, ergaa wantoonni kallattiin dabarsan hiika jedhama. Kanneen keessa qorannoo kunis fakkoommii mi’aaleen aadaa sirba gaa’elaa keessatti qabarratti xiyyeeffata.

Uummanni Oromoo sirba gaa’elaarratti mi’aalee aadaa garaagaraa fayyadamuun hirmaatu. Wantoonni kunniinis waltajjii sirba gaa’elaarratti fakkoommii mataasaanii qabu. Kuwee (1997) akka aadaa Oromootti, Siinqeen dubartootaafi shamarraniin jiloota garaagaraa irratti qabatamti. Siinqee mallattoo nageenyaati. Kanaafuu, uummanni Oromoo dubartootaafi shamarran Siinqee qabataniif, kabaja kennu. Yaanni dhihaate kun Siinqeen fakkoommii nagaa qabaachuu agarsiisa.

Biraanuun (2007) Oromoon calleefi halluuwwan garaagaraan uffata aadaa kuullatee irreeffachuu, dhibaafachuufi Waaqaa kadhachuurratti akka hirmaatu ibsa. Kanneen keessaa uffanni halluu faajjii Abbaa Gadaa

qabu irra jireessaan mul'ata. Uffanni kunis halluuwwan gurraacha, diimaafi adii (faajjii Abbaa Gadaa) jedhamuun kuulamanii dha'ama. Tokkoon tokko halluuwwan kanneenis fakkoommii mata isaanii qabu.

Dirribaan (2019) Oromoo meeshaalee aadaa akka falaasama isaatti kalaqachuun miidhagina mana keessatiifi jiloota garaagaraarratti fayyadamu. Kunniinis muka, suphee gogaa, sibila, jirbii faa irraa kan hojjetaman yoo tahan, meeshaaleen aadaa artii immoo kanneen akka bobboca, suuraawwan, halluuwwan, faayaawwaniifi hodhaawwan garaagaraati. Jilootarrattis hiika bakka bu'an qabu. Kunis fakkoommii jedhama.

Itti dabalees, uummanni Oromoo jiloota adda addaarratti meeshaalee aadaa fayyadamu. Akkuma jiloota garaagaraarratti mi'aalee aadaa fayyadaman sirboota gaa'elaarrattis meeshaalee aadaafi muuziqaa garaagaraa fayyadamuu dhiheessu. Meeshaaleen kunniinis haala keessatti fayyadaman bu'ureffachuun hiika argatu. Ahmed (2020) meeshaaleen aadaa sirboota gaa'elaa keessatti fakkoommii mataa isaanii qabu jedha. Fakkoommii meeshaalee kanneenis haala keessatti tajaajilan keessatti xiinxalamu.

Ka'umsi qorannoo kanaa fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa keessatti qaban dagatamuudha. Hanga qorataan sakatta'a taasiseetti addaatti fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii keessatti qabanirratti namni qorate hinjiru. Bu'uuruma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii keessatti qaban xiinxaluun beekumsa keessatti darban agarsiisuudha.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifame. Sababiin isaas, ragaaleen funaanaman lakkoofsaan ibsamuufi safaramuu kan danda'an osoo hintaane, jechaan ibsamuuf mijatu. Gosoota qorannoo akkamtaa keessaas qorannoo sanyaabsaati. Addatti immoo sanyaabsa ibsaati. Ragaaleen qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaafi lammaffaarraa funaanaman. Madda ragaa tokkoffaarraa tooftaa idateessuu darbaa dabarsaatti fayyadamuun ilmaan Jaawwii Maccaa keessaa Guduruu, Giddaafi Gooreerraa argaman. Kunis hanga qorataan ciicata argateetti ragaaleen fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa keessatti qaban yeroo ammaa irra jireessan ilmaan kanneen keessatti argamu. Ilmaan sadan keessaas tooftaa iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'uun raga himtoonni dhiira kudhanii (10)fi dhala kudhan (10) walumaagalatti, namoonni digdamnii (20) ragaa kennuuf fo'amanii jiru. Iddatteessuu darbaa dabarsaatti fayyadamuun ammoo, bakka sirni gaa'elaa jiru iyyaafachuun

mi'aalee aadaa sirboota gaa'elaa keessatti uummanni fayyadamuun hirmaatan daawwachuun ragaaleen funaanamaniiru. Ragaaleen dabalataa argachuuf, mariin garee adeemsifamee jira. Kunis yeroo tokkoof taasifame. Mariin kunis miseensota nama jahaa kan of keessaa qabu yoo ta'u, sa'aa tokkoof ture, Akkasumas, ragaalee qorannoo kanaa maddaa ragaa lammaffaarraa funaanamanii jiru. Kunis mi'aalee aadaa Oromoon Jaawwii sirba gaa'elaa keessatti fayyadamaa turan Goodambaa Kumsaa Morodaa ragaaleen dabalataa funaanameeru. Ragaaleen funaanamanis kaayyoo qorannichaa gamlaan gahuuf tajaajilu. Ragaaleen malleen kanneenin funaanamanis jalqaba barreeffamatti jijjiiraman. Kanneen keessaa ragaaleen kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu danda'an filatamuun qoqqoodamanii xiinxalaaf qindaa'an. Kunis karaa hiika ganamaafi hawaasaa eeggateen taasifame. Ragaaleen haala kanaan qoodamanis mala akkamtaan hiikaman. Kunis yaadiddama qorattoonni aadaa, ogumaafi xiinqooqaa fayyadamuun ragaalee fakkoommii xiinxalan keessaa tokko kan ta'e, yaadiddama walitti dhufeenya fakkoommii (symbolic interactionism) hordofeeti. Sababiin isaa, ragaaleen fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa keessatti qaban yaadiddama yaadiddama kanaan yoo xiinxalaman daran fitamaa akka ta'e qorattoota hedduun deeggaramaadha.

## 3. Xiinxalaafi Hiika Ragaalee

Kutaan kun bakka itti ragaaleen funaanaman dhihaachuun xiinxalamanidha. Kunis, fakkoommii mi'aaleen aadaa Oromoo Jaawwii sirba gaa'elaa keessatti qabanirratti xiyyeeffata. Uummanni Oromoo mi'aalee aadaa garaagaraan faayamanii karaa aadaafi safuusaanii ibsuun sirboota gaa'elaarratti hirmmatu. Mi'aaleen kunniinis haala raawwataman keessatti walitti dhufeenya hiikaafi fakkoommii mataa isaanii qabu. Dhimma kanarratti afgaaffiin maanguddoo WT jedhamtu waliin Waxabajjii, 22/2021 taasifamee jira. Ragaa afgaaffii kanarraa argame akka agarsiisutti, mi'aaleen aadaa sirboota gaa'elaarratti fayyadaman meeshaalee faayaa, uffata aadaafi meeshaalee muuziqaa jedhamuun bakka sadiitti akka qoodaman ibsitee jirti. Kanumarraa ka'uun, ragaaleen qorannoo kanaa kutaa sadatti qoodamuu xiinxalaman.

### 3.1. Fakkoommii Meeshaalee Faayaa

Qooda fudhattoonni sirba gaa'elaa meeshaalee garaagaraan faayamuu hirmaatu. Meeshaaleen kunniinis sirba gaa'elaa keessatti fakkoommii mataasaanii qabu. Ragaaleen meeshaalee faayaa hirmaattonni ittiin faayamuun sirba gaa'elaarratti qooda fudhatan meeshaalee

faayaa shamarraniifi dhiirotan jedhamuun bakka lamatti qoodamuun dhihaatu.

### 3.1.1. Fakkoommii Meeshaalee Faayaa Shamarranii

Shamarran Jaawwii irra jireessan meeshaalee faayaa rifeensaa, gurraa, mormaa, harkaafi miilarratti faayamuun sirboota gaa'elaarratti hirmaatu. Meeshaaleen kunniinis fakkoommii mataa isaanii qabu. Daawwannaa sirba gaa'elaa ilmaan Giddaaf Amajjii, 28/2021 taasifame shamarran Giddaa meeshaalee faayaa sirba dhihaate keessatti waamuun weeddisanii jiru. Kunniinis fakkoommii mataasaanii qabu. Meeshaaleen ragaa dhihaate kana keessatti argamanis kanuma agarsiisa.

1. *Axanxariin mukaa jira hoo*
   *Kaadhimaan gaariin jira hoo*
   *Harkatti hambaarii fidaa hoo*
   *Mormaatti masqalee dira hoo*
   *Addatti shaashii fidaa hoo*
   *Miilaaf alboo bitaa hoo*
   *Gurratti warqee kaa'a hoo*
   *Qubatti amartii hidha hoo.*

Meeshaaleen sirba dhihaate kana keessatti tarreeffaman meeshaalee faayaa shamarranii jedhamu. Kunniinis sibila, huccuufi warqeerraa hojjetamu. Meeshaalee faayaa dhihaatan kanneen irra jireessaan shamarran kaadhima qabantu godhata. Haa ta'u malee, darbee darbee kanneen kaadhimaa hinqabnes maatiisaanii bichisiifachuun ittiin faayamanii sirba gaa'elaarrattti hirmaatu. Oromoonni Jaawwii hanga kaadhimaan meeshaalee faayaa intala isaaniif guututti heerumaaf kennuu hindanda'an. Kanaas gurbaan intala fuudhuuf deemutu guyyaa kaadhimmaterraa eegalee dhawataa guuta. Meeshaalee faayaa dhawatan bitaman kanneenis intalli godhachuun sirboota gaa'elaa garaagaraarratti hirmaatti. Meeshaalee kunniinis intala sana kanneen biroo adda taasisa. Kanaafuu, meeshaaleen sirba gaa'elaarratti fayyadaman fakkoommii kaadhimaa qaba. Kunis ragaa dhihaate bo'oowwan torbaffaafi saddeetaffarratti "gurratti warqee kaa'aa hoo, qubatti amartii hidha hoo" kanneen jedhaman, meeshaalee faayaa intala heerumtuuf bitamu keessaa warqeen gurraafi amartiin yookaan qubeelaan fakkoommii kaadhimaa qabaachuu qaba. Keesumayyuu, intalli tokko qubeelaa, warqee gurraafi mormaa godhatte jechuun kaadhimaa qabaachuu fakkeeffama. Dargaggoonni Jaawwiis qubeelaan fakkoommii kaadhimaa qabaachuu ta'uu waan beekaniif, qoccolloo dargaggummaa itti kaasuu hindanda'an. Bu'uuruma kanaan, qubeelaa, warqee gurraafi mormaa fakkoommii kaadhimaa qabu.

Shaashiin sirba gaa'elaa keessatti fakkoommii durbummaa qaba. Qe'ee warra gurbaa fuudhuutti sirni durbummaa ilaalamu haatisaa shaashiitiin beeksifti. Kanaafuu, sirba gaa'elaa

keessatti shaashiin fakkoommii durbummaa qaba. Sababiin isaa, guyyaa gaa'elaa yeroo sirni durbummaa ga'u, hamaatiin dhiiga durbummaa shaashiirratti naquun misiirachoo durbummaa himuuf sirba gaa'elaatti baati. Hirmaattonnis shaashiin fakkoommii yookaan bakka bua'a durbummaa ta'uu waan beekaniif, sirba asoonsillee sirbuu jalqabu. Kanaafuu, shaashiin sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii keessatti fakkoommii durbummaa qaba.

Haaluma walfakkaatuun, fakkoommiiwwan meeshaalee faayaa gaa'elaa keessatti qabanii irratti daawwannaa Caamsaa, 22/2021 sirna gaa'elaa Guduruutiif taasifamee jira. Guyyaa kanas misirroonni shamarranii meeshaalee faayaa garaagaraan kuulamanii jiru. Kanneen keessaa meeshaan faayaa callee jedhamu tokko. Shamarran kunniin rifeensaafi mormatti calleewwan gosa garaagaraa godhachuun eebbaa gaa'elaaf dhihaatan. Maanguddoonnis akka calleefi rifeensa mataa kanaa baayyadha, horaa jechuun eebbisu. Kun immoo, colleen fakkoommii hormaata qabaachuu agarsiisa. Kanaafuu, gaa'elaa keessatti colleen fakkoommii hormaataa qaba jechuudha.

Dabalataan, fakkoommii meeshaaleen faayaa shamarranii sirba gaa'elaa keessatti qabanii irratti afgaaffiin Ebila, 8/2021 maanguddoo ilmaan Giddaa JW jedhamtuuf taasifamee jira. Maanguddoon kunis "naannoo kanatti shamarran meeshaalee faayaa warqeefi callee faayamuun sirba gaa'elaarratti hirmaatu. Keesumayyuu, intalli kaadhimaa qabdu quba, gurraafi morma qullaa sirbarratti hirmaachuu saalfatti. Kanaafuu, meeshaalee faayaa kaadhimaan ishee guuteen faayamtee sirboota naannootti baatii," jetti. Ragaa dhihaate kun shamarran Oromoo Jaawwii meeshaalee faayaa garaagaraan sansakkaa isaanii eeggatanii akka sirba gaa'elaarratti hirmaata agarsiisa. Addatti immoo, intalli yookaaan shamarri kaadhimamtee jirtu meeshaalee faayaa kaadhimaa qabaachuu ishee ibsaniin faayamtee waltajjii sirbaatti hirmaachuun dirqama. Kunis meeshaalee faayaa qubaa, gurraafi mormaa fakkoommii kaadhimaa qabaachuu akka qaban mul'isa. Bu'uuruma kanaan, meeshaaleen faayaa shamarran fayyadamuun sirba gaa'elaarratti hirmaatan fakkoommii kaadhimaa qabaachuu qabu.

Shamarran akkaataan rifeensa dhahachuu *(air style making)* mataasaanii qarree jedhamu qabu. Akka aadaa Oromoo Jaawwiitti, shamarran mana abbaasaanii jiran qarree dhahachuun kanneen gaa'ela dhaabbatan irraa adda ta'anii beekamu. Kanaafuu, uummanni naannoo durba qarree jechuun waamu. Garuu, gaa'ela booda qarree haaddachuun shurrubaa dhahatu. Kanaafuu, intalli heerumtu guyyaa gaa'elaa sirba dhihaate kanatti dhimma ba'uun qarree isheetti nagaa dhaammaatti. Kunis

daawwannaa sirba gaa'elaa Amajjii, 29/2021 ilmaan Giddaaf taasifamerraa argame.

*2. Simbirroo ya baala shaamaa*
*Firaa koo as anaaf waamaa*
*Qarrummattiin nagaa dhaamaa.*

Qarreen gulantaa shamarran Oromoo Jaawwii keessa dabarsan keessaa tokko ta'ee, fakkoommii dargaggummaa ibsa. Yeroo kana shamarran rifeensa isaanii qarree dhahachuun addatti beekamu. Maqaan qarree jedhamus kanumarraa moggaafameef. Kanaafuu, maatiifi uummata naannoo keessatti kunuunsiifi eegumsi barbaachisaa ta'e taasifamaaf. Bu'uuruma kanaan Intalli heerumtu sirba dhihaata fayyadamuun qarrummaa mallatttoo ishee ta'etti nagaa dhaamaatti. Ragaa kana bo'oowwan lammaffaafi sadaffaarratti "firaa as anaaf waamaa qarrummaattiin nagaa dhaamaa" kanneen jedhaman, ergaa qarrummaatti nagaa dhaammachuu dabarsa. Sababiin isaa, intalli qarree dhahachaa turte guyyaa heerumteerraa eeggaltee qarree buufachuun gara shurrubbaa dhahachuutti ceeti. Kun immoo, gulantaa durbaarraa gara dubartummaatti darbuu agarsiisa. Kanaafuu, qarreen sirba gaa'elaa keessatti fakkoommii durbaa qaba.

Dabalataan, dhimma qarreerratti ragaalee dabalataa argachuuf, mariigaree xiyyeeffannoo maanguddoota ilmaan Gooreef Caamsaa, 12/2021 taasifamee jira. Maanguddoonni kunniinis "Naannoo kanatti shamarran qarree dhahachuun qaamolee hawaasaa biroorraa adda ta'u. Uummannis intala ebeluu ishee qarree jechuun walii gala," jedhu. Ragaan marii garee kanarraa argame akka agarsiisutti, qarree dhahachuun mallattoo shamarranii ta'uun dubartootarraa adda baasa. Kunis Oromoo Jaawwii biratti, qarreen fakkoommii durba qabaachuun uummata walqunnamsiisa

### 3.1.2. Fakkoommii Meeshaalee Faayaa Dhiirotaa

Akkuma meeshaaleen faayaa shamarran Jaawwii fayyadamuun sirboota gaa'elaarratti fakkoommii mataa isaanii qaban, meeshaaleen faayaa gurbaan fuudhuufi amaamonni iittiin fayyadamanii gaa'elarratti hirmaatanis fakkoommiiwwan mataasaanii qabu. Dhimma kanarratti ragaa argachuuf, maanguddoo ilmaan Gooree WT jedhamtuuf afgaaffiin Ebila, 23/2021 taasifamee jira. Maanguddoon kunis, "gurbaan fuudhu gaa'elarratti alangaa qabata. Kunis, mallattoo kaadhimaa ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, shamarran sirba fayyadamuun arrabsu malee qaamaan itti bu'uu hindanda'an. Sababiin isaa, guyyaa misirrichi qe'ee warra soddaatti kabaja guddaa qaba," jetti. Akka aadaa Oromootti, alangaan qaamolee adda addaan qabatama. Kanneen keessaa Abbaan Gadaa tokko. Haa ta'u malee, ragaa dhihaate kana keessatti alangaan

fakkoommii lama qaba. Inni jalqabaa, fakkoommii kaadhimaa ta'uudha. Akka Oromoo Jaawwiitti, namoota amaamotarratti hirmaatan keessaa gurbaa fuudhu alangaa harkatti qabaachuun addatti beekama. Kun immoo, alangaan fakkoommii misirrichaa ta'uu agarsiisaa. Inni lammataa, alangaan gaa'elarratti fakkoommii kabajaa qaba. Akka aadaa Oromootti, guyyaa gaa'elaa misirrichi addatti alangaa qabatee waan beekamuuf, namni kamiyyuu kabaja soddummaa kennaaf. Bu'uuruma kanaa, ragaa dhihaate kanarraa alangaan fakkoommii kaadhimummaafi kabajaa qabachuu agarsiisa.

Guyyaa gaa'elaa akkuma misirrichi alangaa qabatu, amaamonnis meeshaalee garaagaraa qabachuun hirmaatu. Dhimma kanarratti mariin garee maanguddoota ilmaan Guduruutiif Waxabajjii, 12/2021 taasifamee jira. Bu'aan marii garee kanarraa argame akka ibsutti, guyyaa gaa'elaa maatiin gurbaa fuudhuu amaamotaaf baala muka urgeessaa jedhamu rabsuun gara intala fuudhaatti ergu. Sababiin isaa, mukti urgeessaa meeshaa ulfoo uummanni Oromoon jiloota garaagaraarratti fayyadamudha. Kunis, mallattummaa urgaa'i jedhu qaba. Kanaafuu, amaamonni urgeessaa qabachuun adda sirba gaa'elaarratti beekamu. Yeroo sirbarratti hirmaatanis kiisii kootii keessa kaawwachuun sirbu. Kunis, baalli urgeessaa sirna gaa'elaarratti fakkoommii amaamotaa qabaachuu agarsiisa.

Oromoon Jaawwii jiloota garaagaraarratti ulumaayii qabachuun bobba'u. Fakkeenyaaf, yoo waaqayyo namaafi horiitti gammade baala ulumaayii mataatti marachuun gabaa naanna'u. Haala kana keessatti baalli ulumaayii fakkoommii Waaqayyo namatti gammaduu yookaan bakakkaa garee sanatti dheekkamuu qaba. Dabalataan, uummanni Oromoo baala ulumaayii qabachuun dhibaayyuu dhibafata. Kun immoo, baalli ulumaayii fakkoommii meeshaa ulfoo dhibaayyuu qabaachuu agarsiisa.

Sirni gaa'elaas jiloota Oromoo keessaa tokko waan ta'eef, maatiin gurbaa fuudhuu amaamotaaf ulamaayii rabsuun gara misirritti fuudhutti ergu. Ragaaleen daawwannaa Guraandhala, 10/2021 ilmaan Giddaarratti taasifamerraa argame amaamonni gaafa intala fuudhaaf deeman ulumaayii harkatti qabatanii akka deeman agarsiisa. Qe'ee warra intalaatti amaamonni ulumaayii qabachuun kanneen biroorraa addatti waan beekamaniif, shamarran weedduu arrabsoo fayyadamuun arrabsu. Keesumayyuu, sirba balbal-qabaa mana warra intalaarratti amaamotaafi misirricha dhiibuun akka ol hinseenee dhorku. Kanaafuu, haala kana keessatti ulumaayiin fakkoommii amaamotaa qaba.

Maanguddoonni Oromoo Jaawwii akkuma shamarraniifi amaamota meeshaalee faayaa godhachuun sirba gaa'elaarratti hirmaatu. Maanguddoonni Jaawwii erga intala heerumaaf kennanii booda meeshaalee faayaa garaagaraa fayyadamuun shubbisu. Kanneen keessaa kolbaan tokko. Kolbaa taatee hawaasaa (social event) biraarratti godhachuun hindanda'amu. Kanaafuu, namoota bineensota gootummaa nama gonfachiisan kanneen akka Gafarsaa, Arbaafi Leencaa ajjeesantu gurratti kaawwachuun sirbarratti hirmaatu. Ragaan sirbaa dhihaate kun daawwannaa sirba gaa'elaa ilmaan Giddaaf Amajjii, 28/2021 taasifamerraa argame.

*3. Gafarsi duute hinkaatuu emmoolee*
*Gara feetetti haa baatuu emmoolee*
*Kolbaan gurra koo hinbaatuu emmoolee*

Sirbi kun gaa'elarratti qaamolee hawaasa garaagaraan sirbame. Ajjeesonni kolbaa gurratti godhatan immoo, wal harkaa fuudhuun dursu. Ergaan keessatti darbes fakkoommii lama qaba. Inni jalqabaa, meeshaa faayaa kolbaa jedhamu fakkoommii ajjeesaa qabaachuudha. Kunis ragaa dhihaate bo'oo sadaffaarratti 'kolbaan gurra koo hinbaatuu' yaanni jedhu kolbaan mallattoo ajjeesaa ta'uu hima. Sababiin isaa, ajjeesaan hawaasa keessatti gootummaa waan fakkeeffamuuf, gurra qullaa deemuu hindanda'u. Uummanni kolbaa gurratti godhachuu mallattoo ajjeesaa ta'uu waan hubataniif, kabaja barbaachisu kennuuf.

Ergaan lammataa sirba kana keessatti darbe fakkoommii gootummaati. Naannoo Oromoo Jaawwii keessatti namoonni gootummaa qaban sirba gaa'elaarratti sirbuun gootummaa isaanii ibsatu. Kun immoo, waltajjiin sirba gaa'elaa dirree gootummaarratti ibsatan ta'uu akeeka. Kanaafuuuu, waltajjiin sirba gaa'elaa fakkoommii guutummaa qaba.

### 3.2. Fakkoommii Uffata Aadaa

Oromoonni Jaawwii dhiiraafi dubartootan uffata aadaa uffachuun sirboota gaa'elaarratti hirmaatu. Suuraa dhihaate kun daawwannaa sirba gaa'elaa Amajjii, 28/2021 taasifamerraa argame. Haala kana keessatti dhiironni huccuun aadaa kutaa jedhamu uffachuun sirba gaa'elaarratti hirmaatan. Durbartoonni immoo, huccuu aadaa qoloo uffachuun hirmaatan.



*Suura 1: daawwannaa fakkoommii huccuu aadaarratti Amajjii, 28/2021 ilmaan Giddaaf taasifame.*

Maanguddoon suura dhihaate kanarratti mul'atan kutaa yookaan gaabii adii haalluwwan gurraacha, diimaafi adiin kuulaman uffachuun sirba gaa'elaarratti hirmaate. Kuulichis haalluu alaabaa Abbaa Gadaan tokkodha. Akka falaasama Oromootti, gurraachi fakkoommii olaantummaa Waaqaa qaba. Oromoon Waaqni gurraacha jedhee amana. Huurriin bokkaa qabu gurraacha, agartuun ija namaa gurraacha. Kanaafuu, kutaa dhiironni uffatanii sirboota gaa'elaatti hirmaatan, fakkoommii kabajaafi angafummaa qaba. Haalluun Alaabaan Abbaa Gadaa itti kuulame inni biraa diimaadha. Diimaan ga'anii, bilchatanii, gootummaadhaan mirga lammiitiif wareegamuun fakkooma. Akkasumus, diimaan wanti hedduun yeroosaa eeggatee ga'uufi ija guutuun fakkeeffama. Haalluun adii immoo, xumuramuu yookaan raawwachuu agarsiisa. Huurri rooba hinqabne adiidha. Rifeensi nama duullomee harriin adiidha. Akkasumas, daaraafi lafeen gogaa adiidha. Kanaafuu, haalluun adii fakkoommii xumuramuu qabsoo qaba. Walumaalagatti, uffanni aadaa kutaa jedhamu sirba gaa'elaa keessatti Waaqaa, wareegamaafi xumura argachuu qabsoo ummata tokko ibsa.

Odaan mallattoo Oromummaati. Kanaafuu, dubartoonni akkuma dhiirota uffata aadaa Odaa qabu uffachuun sirba gaa'elaarratti qooda fudhatan. Akkuma suura sadaffaarratti mul'atu dubartoonni uffata aadaa qoloo jedhamu uffatanii jiru. Akkuma suuraa tokkorratti mul'atu, gidduu qolootti suuraa Odaatu mul'ata. Knis Odaan jiruufi jireenya ummata Oromoo waliin hidhata waan qabuuf, mallattoo Oromummaati. Bu'uuruma kanaan, Oromoo Jaawwii biratti Odaan fakkoommii Oromummaa qaba jedhamee yaadama.

## 3.3.Fakkoommii Meeshaalee Muuziqaa Cidha Oromoo Jaawwii

Sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii meeshaalee muuziqaa aadaa dibbee, faaggaafi fiingee jedhamaniin deeggaramuun dhihaatu. Kunniinis sirboota kanneen qajeelchuuf; hirmaattota dadammaqsuufi dursuun akka wal dhaggeeffachuun dhiichisan taasisuuf gargaaru. Haala kana keessatti meeshaaleen kunniin wantoota ittiin fakkooman kan mataa isaanii qabu. Sakatta'insa ragaalee meeshaalee muuziqaa aadaarratti Amajjii, 24/2023 Goodambaa Kumsaa Morodaatiif taasifame akka ibsutti, sirboonni gaa'elaa ilmaan Jaawwii meeshaalee muuziqaa aadaa dibbee, faaggaafi fiingee jedhamaniin deeggaramuun dhihaatu. Meeshaalee kunniinis maal akka ta'anfi fakkoommii akkamii sirba gaa'elaa keessatti akka qaban itti aanuun dhihaatu.

### 3.3.1. Dibbee

Dibbeen meeshaalee muuziqaa aadaa sirboonni gaa'elaa ittiin deeggaramuun dhihaatan keessaa tokko ta'ee, ogeeyyii naannoon

hojjetama. Kunis supheefi gogaa qurupheerraa qophaa'a. Ogeeyyiin dibbee hojjetan jalqaba supheerraa waciitii afaan bal'aafi gogaa quruphee dhifachuun qopheeffatu. Itti aansuun, cirraacha itti naquun afaan waciitii sanaa gogaa quruphee dhifameen saamsu. Meeshaan bifa kanaan qophaa'e dibbee jedhamuun beekama. Kanas shamarran qabachuun sirboota gaa'elaarratti hirmaatu. Suuraa dhihaate kunis meeshaa muuziqaa aadaa dibbee jedhamudha.



*Suuraa 2: suuraa dibbee kun sakatta'insa Goodambaa Kumsaa Morodaa Amajjii, 24/2023 taasifamerraa argame.*

Sirbi gaa'elaa Oromoo Jaawwii meeshaa muuziqaa aadaa dibbee jedhamu deeggaramuun dhihaata. Dibbee shamarran bakkeewwan garaagaraarratti weedduu gaa'elaa shaakalaa turan keessaa kanneen ciminaafi beekumsa qabantu qabachuun sirboota gaa'elarratti hirmaata. Sababiin isaa, sirba gaa'elaa dibbee qabachuun dursuuf beekumsaafi ija jabina guddaa gaafata. Akkasumas, weedduufi dibbee waliin qindeessanii sirba gaa'elaa dhiheessuun muuxannoo barbaada. Sirba gaa'elaa keessatti dibbeen yeedaloofi walaloo sirbichaa eeggachuun rakkutama. Jamaanis sagalee dibbee dhaggeeffachuun jalaa qabuun sochii qaamaan agarsiisu. Kun immoo, dibbeen fakkoommii wal dhaggeeffachuu akka qabu agarsiisa. Kanaafuu, haala kana keessatti yeroo afoolee weeddistu jamaan jalaa qabuun jajjabeessa. Akkasumas, afooleen sagalee dibbee jijjiiruun rukkutuun akka shubbifamuuf carraa kenniti. Qooda fudhattoonnis dibbee shubbisaaf rakkutamte waan beekaniif, yeroo sirbaa eeggatanii unkuteessu. Dibbeen meeshaa aadaa shamarran yeroo cidhoota adda addaa rukutuun ittiin sirba ho'isanidha. Kanaafuu, sirba gaa'elaarratti dibbeen fakkoommii sirbicha ho'isuu qaba.

Kana malees, ragaalee meeshaalee muuziqaarratti argachuuf sirba gaa'elaa ilmaan Giddaaf daawwannaan Amajjii, 28/2021 taasifamee jira. Guyyaa kana shamarran sirba itti aanee dhihaate weeddisuun waa'ee meeshaa muuziqaa dibbee jedhamuu ibsu.

*4. Yoo dibbeen iyye gadan gombisa*
*Yoo ati duute sittan ongisa*
*Maalan ongiisa sobeen ho'isa*

Ragaan sirbaa dhihaate kun sirboota gaa'elaa keessaa ol-darbaa jedhama. Sirba ol-darbaa keessatti yaad-rimee dibbee qalchi jedhamutu jira. Kun immoo, dibbeen sirba gaa'elaa keessatti kabaja qabaachuu mul'isa. Kanaafuuu, sirbi dhihaate kun fakkoommii

dibbeen sirba gaa'elaarratti qabu kabaja ta'uu agarsiisa. Bo'oo tokkoffarratti "yoo dibbeen iyyee gadan gombisa' yaanni jedhu kabaja dibbeef jedhaatii gatii dibbee kaffala ergaa jedhu qaba. Amaamonnis kabaja dibbee shamarran qabatanii ol-darbaa dhufan waan beekaniif, gatii dibbee akka aadaa naannoo sanatti kaffaluun dafanii ofiirraa galchu. Bu'uuruma kanaan dibbeen sirba gaa'ela keessatti fakkoommii kabajaa qaba.

Bo'oowwan lammataafi sadaffaarratti 'yoo ati duute sitan ongiisa, maalan ongisa sobeen ho'isa' kanneen jedhaman, kabajuma dibbeen sirba keessatti qabu ibsuurratti xiyyeeffata. Sababiin isaa, haala kana keessatti 'yoo ati duute sittan ogniisa' jechuun kallattiidhaan yoo misirrichi kabaja dibbeef kennuu dide yookaan seeraan dibbee galchuu dadhabe shamarran ol-darbaa deeman akka arrabsuu danda'an jechuu hima. Haa ta'u malee, bo'oo sadaffaarratti 'maalan ongisa sobeen ho'isa' yaanni jedhu moo, akka seera dibbee guutaniif itti ho'isuudha malee mana soddaatti misirricha salphisuu miti hiika jedhu qaba. Kanaafuuuu, ergaan sirba kana keessatti mul'atu dibbeen fakkoommii kabajaa qabaachuu ibsa.

Dabalataan, dhimma dibbeerratti afgaaffiin maanguddoo biyyaa ilmaan Guduruu JW jedhamu waliin Caamsaa 22/2021 taasifamee jira. Innis "shamarran Guduruu meeshaa muuziqaa dibbee jedhamu fayyadamuun sirboota gaa'elaarratti hirmaatu. Kunis shamarran sirboota gaa'elaarratti hirmaatan hundaan osoo hintaane, kanneen ofitti amanamummaa qabaniifi muuxannoo sirboota gaa'elaarratti qabantu dibbee rukkutuun sirbicha dursa," jetti. Ragaan dhihaate kun akka ibsutti, dibbeen meeshaalee muuziqaa aadaa shamarran qabatanii sirboota gaa'elaarratti hirmaatan keessaa ta'uu agarsiisa. Haala kana keessatti shamarreen tokko dibbee qabachuun kan dursitu yoo ta'u, kanneen hafan jalaa qabuun shubbisu yookaan sochii qaamaan agarsiisu. Shamarreen dibbee rukkutuun sirbicha dursitus akka jamaan sirba sana unkuteessituuf dibbee rukkutuun ajajji. Kunis shamarri dibbeen sirba gaa'elaa dursitu kanneen biroo caalaa sirbicha hoogganuuf ga'umsa qabaachuu ishee agarsiisa. Kanaafuu, dibbee qabachuun shamarran sirbootarratti muuxannoo qabaachuun fakkooma. Shamarran sirboota gaa'elaarratti hirmaatan keessaa kanneen dandeettiifi ga'umsa qaban dibbee qabachuun sirboota gaa'elaa dursu. Kanaafuu, dibbeen sirboota gaa'elaa keessatti fakkoommii bilchina sammuu qabaa jechuudha.

### 3.3.2. Faaggaa

Oromoonni Jaawwii faaggaa fayyadamuun hirmaattota sirba gaa'elaa waamu. Faaggaan

muka keessi isaa qaawwa ta'ee leemmana jedhamuurraa tolfama. Kanas sirboota gaa'elaa irrati intalli heerumtu shamarran naannoo keessaa jiraatan maatii heyyamsiisuun waammattee erga manatti deebiteen booda yeroo sa'aatiin sirbaa ga'u afuufama. Shamarranis sagalee faaggaa kana dhaga'uun gara sirbaatti yaa'u. Dabalataan, dargaggoonni galgala sirbi jala bultii gaa'elaa jiru hanga faaggaan afuufamutti gurra qeensuun dhaggeeffatu. Sagalee faaggaa yeroo dhaga'an gara bakka sirbichaatti deemuun qooda fudhatu. Suuraan dhihaate kun faaggaa jedhama. Kunis daawwannaa Caamsaa, 22/2021 Goodambaa Naqamteef taasifamerraa argame.



*Suuraa 3: meeshaa muuziqaa aadaa faaggaa jedhamu daawwannaa Amajjii 24/2023 Goodambaa Kumsaa Morodaaf taasifamerraa argame.*

Sirba gaa'elaa keessatti faaggaan meeshaa aadaa sirba ittiin yaamuuf dhimma itti bahamudha. Shamarraniifi dargaggoonni Oromoo Jaawwii sagaleen faaggaa mallattoo affeerraa sirba gaa'elaa ta'uu quba qabu. Kanaafuuu, hatattamaan gara sirba gaa'elaatti bobba'u. Haala kana keessatti faaggaan mallattooo waamicha yookaan affeerraa sirba gaa'elaa ta'uun fakkooma. Kunis namoonni sirba kanarratti hirmaatan sagalee faaggaan dhaga'uun yeroo walfakkaatatti yaa'anii qooda fudhatu. Kanaafuu, faaggaan sirba gaa'elaa irratti fakkoommii waamichaa qabaachuun isaa hubatamee jira.

Haaluma walfakkaatuun, faayidaa faaggaan sirboota gaa'elaa keessatti qaburratti afgaaffiin dubartii ilmaan Giddaa BG jedhamtuuf Guraandhala, 3/2021 taasifamee jira. Dubartiin kunis "shamarran keenya faaggaa fayyadamuun hirmaattonni sirboota gaa'elaa akka sa'aatii eeguun hirmaataniif yaadachiisu. Faaggaa afuufun dura, intalli heerumtu galgala naannoo keessa naanna'uun shamarran maatii kadhachuu heyyamsiifti. Yeroo sa'aa ga'us faaggaa afuufuun yaadachiisti. Shamarraniifi dargaggoonnis sagalee faaggaa dhaga'uun sirba yaa'u," jetti. Ragaan afgaaffii kanarraa argame akka ibsutti, faaggaan meeshaa aadaa hirmaattota sirboota gaa'elaa ittiin waamanidha. Kunis sagaleen faaggaa mallattoo qooda fudhattoota sirba gaa'elaa waamuu qabaachuu nutti agarsiisa. Kanaafuu, sirboota gaa'elaa Oromoo Jaawwii keessatti faaggaan fakkoommii waamichaa qaba.

### 3.3.3. Fiingee

Fiingeen meeshaalee muuziqaa aadaa sirboota gaa'elaa keessatti fayyadaman keessa isa tokko

ta'ee, sibiila bifa warqee fakkaaturraa hojjetama. Meeshaa kun guyyaa gaa'elaa qe'ee gurbaa fuudhuutti afuufama. Amaamonnis sagalee fiingee dhaga'uu gara qe'ee warra mucaa fuudhutti yaa'u. Yeroo wal ga'anii gara intala fiduutti deemanis fiingee afuufaa deemu. Suuraa dhihaate kunis akkuma dibbeefi faaggaa sakatta'iisa Goodambaa Kumsaa Morodaaf kan magaalaa Naqamtee keessatti argamuuf taasifamerraa argame.



*Suuraa 4: meeshaa muuziqaa aadaa fiingee jedhamu daawwannaa Amajjii 24/2023 Goodambaa Kumsaa Morodaaf taasifamerraa argame.*

Akkuma suuraa kanarratti argamu fiingeen meeshaa muuziqaa aadaa gara duraan bifa qal'aan hojjetamee gara duubaa immoo, furdaa ta'uun hojjetame. Bifa kanaan hojjetamuun afuurri nama keessaa ba'uu daandii qal'oo kana keessaa darbuun yeroo gadi ba'u fiingee akka ta'uu taasisa. Kana jechuun sagaleen akka ol ka'ee dhageessisu taasisaa jechuudha. Amaamonnis sagalee kana dhaga'uu gara waamicha amaamotaatti yaa'u. Erga wal ga'anii boodas gamtaan fiingee afuufaafi sirboota garaagaraa sirbaa gara intala fuudhuutti deemu. Yeroo naannoo qe'ee warra soddaatti dhihaatanis fiingee daran afuufu. Qe'een warra intalaas sagalee kana dhaga'uun shamarran sirboota arrabsoo daran ho'ifachuu jalqabu. Bu'uuruma kanaan, fiingeen sirboota gaa'elaa keessatti fakkoommii sadi qaba. Inni jalqabaa, mallattoo waamichaa amaamotaadha. Kana jechuun amaamoonni fiingee afuufuun fakkoommii amaamota waamuu ta'uu waan beekaniif, gara qe'ee gurbaa fuudhuutti yaa'u. Kunis fiingeen yookaan afuufuun fakkoommii waamicha amaamotaa ta'uu agarsiisa.

Inni lammataa immoo, fiingeen mallattoo amaamotaati. Amaamonni dhaqa gala fiingee afuufaa deemu. Qe'ee warra intalaattis yeroo sagalee fiingee dhaga'an amaamonni dhufuu waan beekaniif, qophii barbaachisu taasisu. Kanaafuuuu, fiingeen sirba gaa'elaa ilmaan Jaawwii keessatti fakkoommii amaamotaa akka qabu hubatamee jira.

Inni sadaffaan, fiingee fakkoommii cidha hi'isuu qaba. Guyyaa gaa'elaa qe'ee warra gurbaa fuudhuutti fiingeen ganamaa eegalee waan afuufamuuf, dargaggoonni sagalicha dhaga'uun sirba gaa'elaarratti hirmaachuun daran sirbicha ho'isu. Dabalataan, amaamonni yeroo intala fuudhuuf deeman fiingee afuufaa dhiichisu. Yeroo kana sirbichi daran ho'a. Kanaafuu, fakkoommiifi gahee fiingeen sirboota gaa'elaa keessatti qabu keessaa sirbicha ho'isuun isa tokko.

Ija hawaasaan yoo ilaalame, uummanni Oromoo naannoo keessatti nama sobaan beekamuun afuuftuu (xurumbaa) jedha. Afuuftuu jechuun sobduu yookaan odeessituu jechuudha. Oromoo biratti immoo sobni amala badaafi balaaleffaatamudha. Nama sobaan beekamuufis fakkoommii fiingee kennuun qeeqa. Kanaafuu, fiingeen ija ummatan fakkoommii sobduu yookaan odeessitu qaba.

## 4. Goolaba

Oromoon Jaawwii mi'aalee jiruufi jireenya ittiin ibsatuun kan badhaadhe yoo ta'u, kanneen keessaa fakkoommii mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa keessatti qaban isa tokkodha. Mi'aaleen aadaa sirba gaa'elaa Oromoo Jaawwii keessatti fakkoommii qaban meeshaalee faayaa, uffata aadaafi meeshaalee muuziqaa sirba gaa'elaa jedhamu. Meeshaalee faayaa kan shamarraniifi dhiirotaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Kanneen shamarran ittiin faayamuun sirba gaa'elaarratti hirmmatan hambaarii, shaashii, alboo, callee, warqee gurraafi qubeelaa jedhamu. Meeshaalee faayaa dhiirota Oromoo Jaawwii kanneen jedhaman immoo, kolbaa, ulumaayiifi alangaa jedhamu. Dabalataan, Oromoon Jaawwii uffata aadaa kutaafi qoloo jedhaman uffachuun sirba gaa'elaarratti hirmaatu. Qaamoleen mi'aalee aadaan faayamanii gaa'elaarratti affeeramanis meeshaalee muuziqaa dibbee, faaggaafi fiingee jedhamaniin fayyadamuun sirba gaa'elaarratti hirmaatu. Mi'aaleen aadaa kunniinis sirba gaa'elaa keessatti fakkoommiilee garaagaraa mataa mataasaanii qabu.

## 5. Argannoo

Bu'aan xiinxala ragaa qorannoo kanarraa argame akka agarsiisutti, mi'aaleen aadaa Oromoon Jaawwii sirba gaa'elaarratti fayyadaman fakkoommii garaagaraa qabu. Sirba gaa'elaarratti meeshaaleen faayaa shamarranii callee jedhamu fakkoommii hormaataa qaba. Horanii baayyachuun Oromoo Jaawwii biratti deeggaramadha. Warqeen gurraa, mormaafi qubeelaan immoo, fakkoommii kaadhimaa qabaachuu shamarranii ibsu. Kanaaf, meeshaaleen kunniin mallattoo kaadhimaa qabaachuu ta'uun, uummata walquunnamsiisa. Akkasumas, shamarran Jaawwii uffata aadaa qoloo jedhamu mallattoo Odaan kuulamee hojjetame fakkoommii Oromummaa qaba. Oromoo Jaawwii biratti, rifeensa qarreen dhahachuun fakkoommii durba ta'uu qaba. Sababiin isaa, gulantaa hawaasa keessaa qarree durba qofaatu dhahachuun beekama.

Meeshaalee faayaa dhiironni itti faayamuun sirba gaa'elaarratti hirmaatan: kolbaa ulumaayiifi alangaa jedhamu. Kolbaan gurratti godhachuun fakkoommii gootummaati. Uummanni Jaawwiis fakkoommii kana beekuun gootummaaf kabaja barbaachisu

kunnu. Amaamonni immoo, sirba gaa’elaa keessatti ulumaayii qabachuun hirmaatu. Kanaafuu, sirbaa gaa’elaa keessatti ulumaayiin mallattoo amaamotaati. Hirmaattota gaa’elaa keessaa gurbaan fuudhu alangaa qabachuun addaatti beekama. Kanaafuu, alangaan fakkoommii misirrichaa qaba. Dabalataan, kutaa maanguddoonni uffachuun sirba gaa’elaa irratti hirmaatan haalluuwwan gurraacha, dimaafi adiin kuulamanii hojjetaman. Gurraachi fakkoommii angafummaa; diimaan wareegamaafi adiin immoo, fakkoommii hafuura baafannaa qabu.

Sirbi gaa’elaa Oromoo Jaawwii meeshaalee muuziqaa dibbee, faaggaafi fiingee jedhamaniin deeggaramuun dhihaata. Dibbeen sirba gaa’elaa keessatti fakkoommii sirba ho’isuufi intalli tokko geessuu ta’uu agarsiisa. Oromoonni Jaawwii Maccaa namoota sirba gaa’elaarratti hirmaatan faaggaa afuufuun waamu. Kanaaf, faaggaan sirba gaa’elaa keessatti mallattoo waamichaati. Akkasumas, fiingeen meeshaalee muuziqaa aadaa sirbi gaa’elaa itti deeggaramuun dhihaatan keessaa tokko ta’ee, fakkoommii waamicha amaamota qabaachuun argannoo qorannoo kanaa isa biraati.

## Wabilee

Ahmed Ibraahim (2020). “Xiinxala Meeshaalee Aadaa Sirna Fuudhaafi Heeruma HarargeeLixaa Aanaa Odaa Bultum.” Yuunvarsiitti Haramaayaatti Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Hinmaxxanfamiin.

Biraanuu Dirribaa (2007). “Qaaccessa Hiika Mallattoolee Ayyaana Irreechaa Dirre Calalaqiilaqii Aanaa Midaa Qanyii.” Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa Hinmaxxanfamii Yuunivarsiitii Finfinnee.

Dirribaa Dayyaas (2019). “Xiinxala Meeshaalee Aadaa Miidhaginaa Oromoo Harargee Aanaa Habroo.” Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Hinmaxxanfamiin.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: an Introduction*. Chicago: University of Chicago press.

Katz, J.J. (1972). *Semantic Theory*. New York: Harper and Row Press.

Kipury, N. (1983). *Oral literature of Maasai***.** Nairobi: Kenya Heinemann education books Press.

Kuwee Kumsa (1997). "The Siiqqee Institution of Oromo Women.” The Journal of Oromo Studies, Vol. 4, PP. 52.

Lyubov, A. (2015). “Symbols Representing of Mari Wedding Songs Ceremony.” Mediterranean Journal of Social Sciences MCSER Publishing, Rome-Italy, (Vol. 6, PP. 17).

Martin, J. (1999). *Miss manners on wedding*. New York: Crown publisher.

Sims, M. C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People and Their Tradition.* Logan: Utah State University Press.

Turner, V. (1967). *The Forest of Symbols*: Ithaca. N.Y. Cornell University Press.

Turner, V. (1969). *Forms of Symbolic Action in R.F Spencer(ed), Forms of Symbolic Action in Proceeding of the spring meeting American Ethinological Society*. Seatle: University of Washingt Press.